# PIROJEEKTII BENEFIT-ISSD

## Damee Oromiyaa Bahaa Yuunivarsiitii Haramaayaa Maxxansaa Waxxabajjii 2019



## Ergaa Gulaalaa

Dubbistoota maxxansa keenyaa biyya keessaa fi biyya alaa jirtan hunda nagayaan isiniif haa ta'u jenna! Kun maxxansa isa jahaffaa Pirojeektii BENEFIT-ISSD damee Oromiya bahaa yoo ta'u, isin waliin waliif qooduu keenyaaf gammachuutu nutti dhagahama. Kaayyoon BENEFIT-ISSD Itiyoophiyaa misooma seektara sanyii cimaa ta'e; gabaa giddu-galeeffatee fi babal'ina qabu jajjabeessuu dha. Irra caalattis qonnaan bultootni dhiirotaa fi dubartoota ta'an sanyii qulqulluu fi filatamaa ta'e, hangaa fi yeroo barbaadametti akka argatan taasisuu dha.

Barruuleen kun hojiiwwanii fi odeefafannoowwan milkaa'ina Pirojeektii BENEFIT-ISSD damee Oromiya bahaa tamsaasuuf meeshaa akka ta'u kan yaadamee dha. Akka walii-galaatti, ji'oota Amajjii hanga Waxabajjii bara 2011 ALI ykn bara 2018 keessatti hojiiwwanii fi bu'aawwan ykn milkaa'ina pirojeektichaa jiran ilaalchisee dubbistootaaf hubannoo ni kenna jedhamee ni abdatama. Maddi odeeffannoowwanii fi oduuwwan milkaa'inaa barruulee kanaa keessatti dhiyaatan dameewwan pirojeekticha (sirna sanyii al-idilee, misooma LSB, walitti hidhata sanyii fi waljijjiirraa beekumsaa fi dagaagina dandeetii) jalatti kan galmaa'anii dha.

Barruuleen kun irra caalatti Afaan Oromootiin kan qophaa'e yoo ta'u, innis dubbistootni keenya sadarkaa naannootti argaman beekumsaa fi odeefannowwan keenya irraa salphatti akka fayyadaman taasisuudhaaf kan yaadameedha.

Barruuleen kun dubbistoota hedduu sadarkaa naannichaatiif (Oomishtoota sanyii, qonnaan bultoota, hojjattoota misoomaa, oggeessota, qorattootaafi kkf) muuxxannoo akka qooduufii akkasumaas kaka'umsa ykn si'aayina akka ta'u hawwii keenyadha.

Xumurrarrattis, qonnaan bultootni biyya keenyaa sanyii qulqulluu fi filatamaa ta'e hanga barbaadamee fi yeroo barbaadametti akka argatan mirkaneessuuf qindoominaan haa hojjanu ergaa jedhu dabarsuun barbaada.

Dubbisa gaarii isiniif hawwa!

Kamaal Qaasim,
+251-913179853,
kemalkasim@yahoo.com
http://www.haramaya.edu.et/
http://www.issdethiopia.org/
P.O.Box: 138, Dire Dawa, Ethiopia

## BAAFATA

*Ergaa Gulaalaa* 1
*Regional Update* 2
*Yaadolee Haaraa Pirojeektii ISSD Damee Oromiyaa Bahaatiin Galmaa'an* 6
*Oduu Milkaa'inaa: Ga'ee Dubartootni Sanyii Kuusuu fi Kunuunsuu Keessatti Qaban* 10
*Dhiyeessii fi Raabsaa Sanyii Idilee Fooyyessuu (Improving Efficiency of Conventional Seed Marketing)* 15

Sagantaan BENEFIT-ISSD Itiyoophiyaa damee Pirojeektii miiltummaa 'Bilateral Ethiopian-Netherlands Effort for Food, Income and Trade' (BENEFIT) jedhamu jalatti argama. BENEFIT miiltummaadhaan pirojeektii shan of jalatti hammatee argama. Isaanis 'Capacity Building for Scaling up of Evidence Based Practices in Agricultural Production in Ethiopia' (CASCAPE), 'Integrated Seed Sector Development' (ISSD), 'Sesame Business Network' (SBN), Ethiopian-Netherlands Trade for Agriculture Growth' (ENTAG), Realising Sustainable Agricultural Livelihood Security' (REALISE) dha. Deeggarsa maallaqaa fi gorsa teeknika pirojeektoota kanaa kan taasisu Imbaasii Neezarlaandi Finfinneetti argamu dha.

# Regional Update

This report summarizes the key achievements recorded under different components of the project between January to June, 2019 period.

## Informal Seed System Component

With the objective to ensure institutionalization, scaling, and embedding of crowdsourcing (CS) and Participatory Variety Selection (PVS) re-arrangement of partners were made. The re-arrangement was inlined with appropriate stakeholders who have mandated the role of agricultural technology demonstration. Accordingly, three partners (Haramaya University, Fedis Agricultural Research Centre and Chiro National Sorghum Research Centre) were selected for institutionalization. In addition, BENEFIT-REALISE project of Haramaya University was selected for rapid scaling up of CS and PVS. According to new signed MOU with these partners, front-line extension organizations including woreda Bureau of Agriculture and Natural Resource (BoANR) and respective development agents (DAs) will continue working with farmers to ensure project implementation at farmer level.

Implementation of crowdsourcing (CS) and participatory variety selection (PVS) trials are the major activities aimed to rapidly facilitate quality seed promotion and deployment to farmers. To achieve this aim, a total of 3,000 farmers, of which 50% are women were identified in seven woredas of East (Jarso, Kurfachale, Gurawa, Kersa, and Meta) and West (Doba and Chiro) Hararghe zones. Based on farmers' demand and partners, a total of 107 varieties of 13 crops have been collected from different sources for 2019 CS and PVS trials. Out of these, about 41 varieties of three crops (maize, sorghum, and common bean) were deployed to 1500 farmers.

In order to ensure nutrition security of men and women farmers, nutrient-dense crops such as Quality Protein Maize, Chickpea, Common bean, and Faba bean included in CS and PVS trials.

In addition, in collaboration with BENEFIT-REALISE project of Haramaya University, a two-day Training of Trainers (TOTs) was facilitated on Crowdsourcing (CS) and Participatory Variety Selection (PVS) for Woreda experts/ DAs and researchers. A total of 75 participants (woreda experts/DAs and researchers) from 10 woredas of both sister projects (Chiro, Doba, Meta, Kersa, Kurfa Challe, Gurawa, Jarso, Dader, Badeno, Kombolcha); Chiro National Research Sorghum and Fadis Agricultural Research Centres, and Haramaya University participated.

In addition to technical support, ISSD project of Oromia East Unit has granted a co-founding amount to 589,000 birr for the three partners (Haramaya University, Chiro National Research Sorghum and Fadis Agricultural Research Centres).




Training of Trainers (TOTs) facilitated on Crowdsourcing (CS) and Participatory Variety Selection (PVS) for Woreda experts/ DAs and researchers

## LSB Development

For the purpose of more consolidation and sustainability of seed business in Hararghe zones, 11 potential SPCs were selected from existing 25 SPCs being supported from 2016-2018. These SPCs was selected using the re-visited LSB measurement criteria/model (land size, turnover, asset, experience in seed production and re-investment) that ensure the sustainability of SPCs in local seed businesses.

To improve the technical capacity of selected SPCs, two-days training conducted for 32 executive committees of which four are female at Harar city. The objectives of the training were focused on capacitating SPCs organizational and financial management; improving cooperative good governance, create awareness on implementations of renewed cooperative by-laws; and implementation of modified LSB model. Following this, based on the new criteria and standard agreed during the 2019 national workshop at Bahir Dar, self-evaluation of 11 SPCs were conducted. As a result, four SPCs scored A, two SPCs B, three SPCs C, and the remaining two SPCs scored D grade. In addition, the criteria for evaluating individual members of SPCs such as quality seed production and supply to SPCs, number of shares bought, economic participation, participation in different SPCs meeting and common activities, willingness to take responsibility and accountability, trustfulness to SPCs, and respect by-laws were identified and the measurement process is underway by each SPCs.

With the aim to approve and renew the SPCs certificate of competence (COCs), the performance of six SPCs obtained COC in 2018 were evaluated by a senior expert from Oromia BoANR. Based on the result of the evaluation, the COC of four SPCs were renewed, while one SPC gets approval of new COC.

In order to improve organizational management and god governance in SPCs, the project has been deployed the updated by-law format endorsed by proclamation no.985/2016 to 11 SPCs. To enhance the amendment, technical support and coaching were made to these SPCs in collaboration with zone and woreda cooperative promotion agency.

To enhance access to market, input, and service, the linkage was facilitated between SPCs and three unions (Afran Qallo, Burka Galeti, and Chercher Odabultum), Haramaya University, and Melkasa Agricultural Research Centre.

To improve the women participation in leadership roles, one-day training was facilitated for representatives from executive committees and members of SPCs. A total of 30 participants of which 10 are men members participated.

Finally, to improve the infrastructural capacities such as office and seed storage a financial grant amount to 180,000 birr was transferred to four SPCs (Jalala Gudina, Jiru Jalala, Rakata Fura and Daro Gora).



Training facilitated on women and leadership in SPCs for representatives of executive committees and members

## Seed Value Chain Development

Under the seed value chain (SVC) component, the main target and planned activities for the period first-half of 2019 were aimed to evaluate the performance of the on-going seed value chain scaling innovation projects. The evaluation was focused to consolidate and embed successful innovation to that has capacity to improve performance of the seed system. Accordingly, evaluation workshop was organized and three innovation projects (improve production and supply of EGS, improve performance of seed quality assurance, and improving the efficiency of conventional seed marketing system) identified for consolidation and institutionalizing in Haramaya university and three cooperative unions (Afren Qalo, Burka Galeti, and Chercher Odabultum).

With respect to improving seed production and supply of EGS, Haramaya University was institutionally convinced to take up the role of EGS supply. In addition, one-day workshop was facilitated with 14 people's (11 breeders and three officials) from Haramaya University and reached an agreement regarding role of breeders and the university in supplying EGS and basic seed to play their role in line with national seed sector development direction and policy. Similarly, with respect to institutionalisation of seed quality assurance, Haramaya university representatives were convinced and agreed to install seed quality assurance centre into university structure for staffing and budgeting.

Under 'piloting improved conventional seed marketing system', the ISSD project of Oromia East Unit was facilitated the signing of MoU between three unions (Afren kalo, Odabultum, and Burka Galeti) and respective primary cooperatives in order to ensure accurate demand collection and the efficiency of seed marketing. Accordingly, the pilot successfully gets recognition among stakeholders, and institutionalized into unions. Moreover, the pilot completely avoided seed leftover, which is used to be the brain drain for seed marketing in Hararghe zones.

Furthermore, in order to strengthen and formalize existing linkage between cooperative unions and SPCs contractual agreement was signed by two unions (Afren Kello and Chercher Odabultum) and seven seed producer cooperatives to provide inputs, services and access to seed market.

To realize the performance and institutionalization of these innovations projects, a grant amounting to 449,440 birr was transferred to four organizations: Haramaya University, and three unions (Afren Kello, Burka Galeti, and Chercher Odaultum).




A workshop facilitated for Haramaya University representatives to institutionalize seed quality certification centre in the University

## Knowledge Sharing and Communication Componenet

In order to create the demand for quality seed and enhance seed marketing, the activities conducted under knowledge sharing and communication component were categorized into publication and documentation, promotion of quality seeds, and sharing project experiences through a forum.

Under publication and documentation, 400 copies of cash book manual were printed and shared with audiences. The manual was aimed to enhance the financial literacy of model farmers. In addition, different success stories, regional updates, news stories of various ISSD events and pictures were developed and shared with audiences through various channels including newsletter, email, drop-box, and national website.

With the objective to enhance the marketing and use of the quality seed, mini-seed marketing was facilitated through collaboration with three SPCs (Misoma Gudina, Abdi Gudina, and Bishan Babile), and Chercher Odabultum Union. The mini-seed market was conducted at Guba Koricha woreda. About five major crops varieties such as maize-Melkasa 2, Teff-Boset, Common bean-Awash-2, Sesame-Adi, and Chickpea-Arerti were marketed using a small plastic jar of 2kg. A total of 150 farmers (60 women's), and representatives from Guba Koricha cooperative promotion agency and BoANR, Chercher Odabultum Union, and Mechara Agricultural Research Centre participated. Similarly, the seed exhibitions were complemented the mini-seed market in order to enhance the awareness of farmers about the use of quality seed of diverse food and nutrition crops. More than 50 crop variety portfolios were viewed.

Finally, the 2018 ISSD project results and achievements were shared on 36th Haramaya University research and extension review forum. The participants of the forum were farmers, government and non-government organizations, officials from the university and board members. This forum creates an opportunity for ISSD project to get recognized among stakeholders.



**The mini-seed market conducted at Guba Koricha woreda**

# Yaadolee Haaraa Pirojeektii ISSD Damee Oromiyaa Bahaatiin Galmaa'an

Pirojeektiin ISSD dameen Oromiyaa bahaa ji'oota Amajjii hanga Waxabajjii bara 2011tti qabiyyeewwan adda addaa pirojeekticha jalatti hammataman irratti hojiiwwan garagaraa hedduu gaggeessaa tureera. Hojiiwwan pirojeektichaan hojjataman kunneen akkaataa armaan gaditti cuunfamanii dhiyaataniiru.

## Sirna Sanyii Al-idilee

Yaalii sanyii hirmaachisaa (Crowdsourcing fi PVS) bifa haaraatiin idileessuu, caaseessuu fi babal'isuuf, wixineen miiltoota bifa haaraatiin qindeessuu hojjatameera. Haaluma kanaan, miiltotni sadi jechuunis Yuunivarsitii Haramayaa, Giddu-Galeessa Qorannoo Qonnaa Fadisiifi Qorannoo Qonnaa Mishingaa Ciroo filatamaniiru. Miiltotni kuniis kan filataman, hojimaata fi ga'ee teekinoolojiiwwan qonnaa madaqsuu fi babal'isuu keessatti isaan qaban giddugaleessa godhachuun kan taasifamee dha. Dabalataanis, pirojeektiin BENEFIT-REALISE Yuunivarsitii Haramayaa waliin tahuudhaan moodela yaalii sanyii hirmaachisaa (Crowdsourcing fi PVS) ariitiin babal'isuuf waliin hojjatamaa jira. Adeemsa kana keessatti, waajjirri qonnaa Aanaa fi hojjataan misoomaa ga'ee yaaalii kana milkeessuuf qonnaan bultoota waliin qindoominaan hojachaa jiru.

Haaluma kanaan, yaalii sanyii hirmaachisaa (Crowdsourcing fi PVS) babal'isuuf, pirojeektiin ISSD dameen Oromiyaa Bahaa, kallattiidhaan qonnaan bultoota 3000, dhibeentaa 50 dubartoota hirmaachisuun aanota torba Godina Harargee bahaa (Jaarsoo, Kurfa Challee, Girawaa, Qarsaa fi Meettaa) fi Harargee lixaa (Doobbaa fi Ciroo)tti raawwatamaa jira.

Raawwii kanaafiis, fedhii qonnaan bultoota irratti hundaa'uun, gosoota midhaani 13 fi sanyii 107 maddoota sanyii adda addaa irraa sassaabameera. Kana keessaa gosoota sanyii midhaanii 41 qonnaan bultoota 1500 bira dhaqqabbuun yaalii hirmaachisaa (Crowdsourcing fi PVS) gaggeessaa jira.

Hojii kana milkeessuudhaaf, leenjiin leenjiftootaa miiltummaa BENEFIT-REALISE waliin tahuun yaalii sanyii hirmaachisaa (Crowdsourcing fi PVS) irratti ogeessota waajjira qonnaa aanaa fi hojattoota misoomaa akkasumaas qorattootaaf kennameera. Walumaagalatti, hirmaattotni 75 aanota 10 piroojektoota BENEFIT-ISSD fi BENEFIT-REALISE bakka bu'an (Ciroo, Doobbaa, Meettaa, Qarsaa, Kurfaa Challee, Girawaa, Jaarsoo, Dadar, Baddannoo, fi Kombolchaa); Giddu-Galeessa Qorannoo Qonna Mishingaa Ciroo fi Qorannoo Qonna Fadiis akkasumaas Yuunivarsitii Haramaayaa irraa hirmaataniiru.

xumurarratti, deegarsa teekinikaan biratti, deeggarsa maalaqaa qarshii 540,000 qaamota hojii kana raawwataniif jechuuniis Gidu-Galeessa Qorannoo Qonna Mishingaa Ciroo fi Gidu-Galeessa Qorannoo Qonna Fadiis akkasumaas Yuunivarsitii Haramaayaatiif kennameera.




Leenjiin leenjiftootaa dhimma yaalii sanyii hirmaachisaa (Crowdsourcing fi PVS) irratti ogeessota waajjira qonnaa aanaa, hojattoota misoomaa fi qorattootaaf kenname

# Misooma LSB

Itti fufinsa Oomishaa fi daladala sanyii naannoo mirkaneessuuf, sirna madaallii moodeela LSB fooyyessuun, sadarkaan waldaaleen irra jiran ilaalamuun, waldoota 25 keessa 11 filatamuunbara 2011 adda bahuun deegaramaa jiru. Ulaagaaleen madaalli kuniislafa sanyii oomishuuf oolu, qabeenyaa waldaa, hanga gurgurtaa sanyii, bu'aa inveestimantiif oolchuu, fi muuxxannoo sanyii oomishuu fi gurguruu keessatti waldaa qabuudha.

Haaluma kaanan, leenjiin guyyaa lamaa waldoota 11 goodina Harargee bahaa fi lixaa kessaa walitti babbahaniif magaala Hararitti kennameera. Leenjii kana irratti hirmaatootni 32 (afur dubartootaa) hirmaataniiru. Kaayyoon leenjichaas kan xiyyeefate: dandeettii bulchinsaa fi qabiinsa faayinaansii waldootaa cimsuu; bulchinsa gaarii waldootaa fooyyessuu; dambii bulmaata waldootaa irratti hubannoo laachuu; fi sirna madaallii moodeela haaraa LSB irratti hubannoo uumuudha.

Haaluma kanaan, madaallii waldaalee hirmaachisaa ta'e irratti hundaa'uudhaan, waldaan afur sadarkaa A, waldaa lama B, waldaa sadi C, fi akkassumaas waldaan lama D argataniiru. Dabalataanis, ulaagaan madaallii raawwii miseensa dhunfaa waldaa ittin gaggeefamu addaan baafameera. Ulaagaaleen kuniis sanyii qulqulluu oomishuu fi waldaaf dhiheessuu, baay'ina bittaa sheerii, hirmaannaa dinagdee, hirmaannaa hojiilee Waldaa fi waltajjii, iftoominaa fi itti gaafatamummaa, haqummaa waldaaf qabu, fi dambii bulmaataa waldaa kabajuu dha.

Sirna Oomishaa fi gabaa sanyii bara 2011 cimsuuf, waraqaa gahumsaa Oomishaa (certificate of competence) waldaalee bara 2010 argatanii haaromsuu fi akkasumaas waldaa waraqaa gahumsaa hin qabneef mirkaneessuuf, ogeessi ol'aanaan Biiroo Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Oromiyaa irraa dhufaniin madaallii gaggeesseera. Bu'aa madaallii kanaaratti hundaa'uudhaan, waldaalee ja'an bara 2010 waraqaa gahumsaa argatan keessaa, waldaaleen afur kan haaromfame yommuu ta'u, waldaan tokko waraqaa gahumsaa oomisha sanyii haaraa argateera.

Bulchinsa gaarii waldaalee fooyyessuuf, bocni dambii bulmaataa keessaa fooyya'ee (no.985/2016) baay'ifamuun waldaalee 11[f] raabsameera. Dambii kana yaa'ii waliigalaatiin marii irratti gaggeessuun mirkaneessuuf waajjira babal'ina hojii gamtaa aanaa fi goodina wajjiin qindoominaan hojjatamaa jira.

Gara biraatiin, walitti hidhata galteewwan oomishaa, taajaajilaa fi gabaa sanyii fooyyessuuf waldaalee fi yuuniyeenota (Afran Qalloo fi Carcar Odaabultum fi Burqaa Gaaletii), Giddu-Gala Qorannoo Qonnaa Malkaasaa fi Yuunivarsitii Haraamayaa giddutti miiltummaa fi aadaan walii wajjiin hojjachuu cimeera. Hidhata uumame kanaaniis, waldaalee oomishtoota sanyii galteewwan oomishaa kan akka sanyii haadhoo, tajaajila qulqullina sanyii mirkanneessuu fi gabaa sanyii argataniiru.

Akkassumaas, bu'uraalee misoomaa waldaalee jabeessuuf, deegarsaa ogummaatiin cinatti, deegarsi maallaqa qarshii 180, 000 waldoota afuriif (Jaalala Guddinaa, Jiruu Jaalalaa, Rakkataa Furaa and Daaroo Goraa) taasifameera. Gargaarsi kunis kan oolu, bu'uuraalee misoomaa waldaa kanneen akka waajjira fi meeshaalee waajjiraa, akkasumaas mana kuusaa sanyii midhaaniifi dinichaa ijaaruuf kan ooluudha.

Hirmaannaa dubartootni gaggeessumma waldaa keessatti qaban fooyyessuuf, leenjii guyyaa tokkoo qindeessuun hirmaatotni 30 (dhiira 10) jechuuniis koree hoji raawwachiiftuu fi miseensa waldaa irraa babbahaniif magaalaa Hararitti kennameera.



**Leenjiin dandeettii bulchinsaa fi qabiinsa faayinaansii irratti waldootaa cimsuuf magaala Hararitti kenname**

# Walitti Hidhata Sirna Sanyii

Qabiyyee hojii kanaa jalatti, gamaggamni raawwii pirojeektoota sirna sanyii bara 2016-2018 gaggeefamaa turanii raawwateera. Kaayyoon gamaggama kanaas pirojeetoota bu'a qabeessa ta'an daran cimsuu, babal'isuufi caasefama qooda fudhattoota keessatti akka abbooman gochuudha. Haaluma kanaan, pirojeektonni sadi (oomishaa fi dhiheessa sanyii haadhoo fooyyessuu, tajaajila qulqulina sanyii mirkaneessu cimsuu fi sirna dhiheessa sanyii idilee fooyyessu) filachuun caaseffama miiltoota afur jechuunis Yuunivarsitii Haramaayaatii fi yuuniyenota sadi (Afran Qalloo, Burqaa Gaalettii fi Carcar Odaabultum) keessatti akka caasefaman godhameera.

Haaluma kanaan, oomishaa fi dhiheessa sanyii haadhoo cimsuuf, waltajjiin marii guyyaa tokkoo bakka bu'oota waajjira dhimma qorannoo fi hawaasummaa yuunivarsitii Haramaayaa, muummee saayinsii biqiltuu fi qorattoota horsiisa midhaanii ta'an wajjiin mariin taasifameera. Waltajjii kanarattiis, ga'een qorattootaa fi caasefama pirojeektoota kanaa irratti waliigalamuun miira abbummaa uumuun itti gaafatamummaa dhiheessa sanyii haadhoo fudhataniiru.

Dabalataanis, waltajjii kana irratti dhimma giddu-gala tajaajila qulqullina sanyii (seed quality Certification Center) Yuunivarsitii Haramaayaa keessatti caasessuuf, marii taasifameen giddu-galeessichi caasefama yuuniversiitii keessa galchuun humni namaa, bu'uurri misoomaa fi baajatni ramadamee tajaajila itti-fufiinsaan akka kennamu waliigalteerra ga'amee, gabaasni hojichaa seeneetii yuunivarsitiitiif dhiheessuuf hojiin hojjatamaa jira.

Gama paayileetii adeemsa dhiheessaa fi gurgurtaa sanyii idilee fooyyessuutiin, pirojeektiin ISSD damee Oromiyaa Bahaa waliigaltee yuuniyenii sadi (Afran Qalloo, Odaabultum fi Burqaa Gaalettii), fi waldoota bu'uraa giddutti akka mallateefamu haala mijjeesseera. Waliigalteen kuniis, kan xiyyeefate adeemsa fedhii sanyii sirrii sassaabuu fi bu'aa qabeessummaa gabaa sanyii fooyyessuun, qonnaan bultootni sanyii sirrii fi qulqulluu ta'e yeroo barbaadametti akka argatan goochuun haftee sanyii mana kuusaa waldaa keessaa hanbisuudha. Haaluma kanaan, yeroo yaalii bara oomisha 2011, moodelli kun fudhatama argachuun haftee sanyii mana kusaa waldaa keessa hanbiseera. Bu'aa kanaan yuuniyeenotaa fi waldootni bu'uraa moodeelicha baay'ee jaalachuun caasaa isaanii keessatti idileessuuf kuttannoon hojachaa jiru. Waajjiraleen hojii gamtaa fi qonnaatiis bu'aa gama paayiletii kanaan argametti amanuun moodelichi daran akka cimu qaama dhimmi ilaalatu waliin hojachuuf kuttannoo agarsiisaniiru.

Hojimaata sirna sanyii fooyyessuudhaan dhiyeessii galteewwan oomishaa, tajaajilaa, fi gabaa cimsuuf hidhatni waldaalee oomisha sanyii fi yuuniyeenota (Afran Qalloo, Burqa Gaalettii fi Carcar Odaabultum), Giddu-gala Qorannoo Qonnaa Malkaasaa, fi Yuuniversiitii Haramayaa gidduutti hidhatni cimaan uumameera. Hidhata yuuniyeenii fi waldaalee sanyii baay'isan gidduu jiru seera qabeessa gochuuf hojii hojjetameen waldaaleen torba yuuniyeenii Afran Qalloo fi Yuuniyeenii Carcar Odaabultum waliin mallatteessaniiru.

Milkaa'ina pirojeektota kanaa mirkaneessuuf, gargaarsi maallaqaa qarshii 449,440 miiltota hojii kana raawwaatan afuriif jechuunis Yuunivarsitii Haramaayaa, fi Yuuniyeenota (Afran Qalloo, Burqa Gaalettii fi Carcar Odaabultumiif) taasifameera.




Waltajjii gamaggamma fi madaallii raawwii pirojeektoota walitti hidhata sirna sanyii bara 2016-2018 irratti taasifame

# Waljijjiirraa Beekumsaa fi Dandeettii Gabbisuu

Qaama hojii kanaa jalatti, hojiiwwan gurguddoon sadi raawwatamaniiru. Isaaniis: hojiilee maxxansaa fi dookmanteeshinii; agarsiisaa fi gabaa sanyii uumuu, fi muuxannoo qooduu dha.

Maxxansaa fi dookimanteeshinii jalatti, qajeelfamni galmee galii fi baasii maxxansuudhaan kooppiin 400 qonnaan bultoota moodeelaaf qoodameera. Hojuma kana jalatti, oduuleen milkaa'inaa, yaadoleen haaraa walakkaa waggaa, fi oduu garagaraa dookimantii gochuudhaan sab-qunnamtii adda addaatiin qooda fudhatootaaf bira dhaqqabeera.

Gama hubannoo sanyii fi gabaa sanyii uumuutiin, agarsiisni sanyii (seed exhibitions) fi gabaa sanyii xiqqoon (mini-seed market) qindoomina waldoota Oomishtoota sanyii sadi (Misoma Guddinaa, Abdi Guddinaa fi Bishaan Baabile) tiin Aanaa Gubbaa Qorichaa irratti gaggeefameera. Pirojeektiin ISSD fi yuuniyeeniin Carcar Odaabultum milkaa'ina hojii kanaatiif haala mijjeessaniiru. Agarsiisaa fi gabaa sanyii kanarratti hirmaattotni 150 (60 dubartoota) kan ta'an argamaniiru. Gama agarsiisa sanyiitiin,  gosootni sanyiilee midhaanii 50 ta'an daawwachuudhaan qonnaan bultootni faayidaa sanyii adda addaarratti hubannoo akka argatan taasifameera. Gabaa sanyii uumuudhaan wal-qabatee, waldootni oomishtoota sanyii gosoota sanyiilee kanneen akka Boqolloo (Malkaasaa-2), Boloqee (Awaash-2), Xaafii (Booseet) fi shumburaa (Arertii) hanga kiiloogiraama lamaatiin qonnaan bultootaaf dhiheessaniiru.  Haala kanaaniis, qonnan bultootni akkaataa dandeetti bittaa fi fedhii isaanii giddugala godhateen sanyii naannootti argachuun miirri dorgommii gabaa sanyii akka uumamu taasiseera. Carraan kun, waldoota oomishtoota sanyiitiifi yuuniyenotaaf gabaa sanyii uumeera.

Xumuraratti, waltajii marii fi gamaagamaa 36[ffaa] qorannoo-ekisteenshinii Yuunivarsitii Haramaayaatiin qophaa'e iratti muuxannoo fi milkaa'inni pirojeektii ISSD qoodameera. Waltajichi pirojeeektiin ISSD akka beekkamuu fi moodeela yaalii sanyii hirmaachisummaa (crowdsourcing and PVS) akka beekamuu fi madaqfamu carraa uumeera.



Gabaa sanyii xiqqoon (mini-seed market) qindoomina waldoota Oomishtoota sanyii sadi (Misoma Guddinaa, Abdi Guddinaa fi Bishaan Baabile) tiin Aanaa Gubbaa Qorichaa irratti gaggeefame

# Oduu Milkaa'inaa: Ga'ee Dubartootni Sanyii Kuusuu fi Kunuunsuu Keessatti Qaban

Sanyii qulqulluun hangaa fi yeroo barbaadametti qonnaan bultoota bira dhaqabuu dhabuun, oomishaa fi oomishtummaarratti dhiibbaa guddaa qaba. Kanaafuu, qonnaan bultootni keessattuu dubartootni Itoophiyaa sanyii naannoo tooftaa haala adda addaatiin kuusuu fi kunuunsuun fayyadamaa jiru. Keessattuu, biyya keenya keessatti ga'een dubartootni sanyii kuusuu fi kunuunsuu keessatti qaban baay'ee ol'aanaa dha. Haatahuu malee, akkaataa qorannoon adda addaa agarsiisutti, qabiinsa oomisha boodaa keessatti qisaasamni dhibbeentaa 30 ni dhaqaba.

Sanyiin amala ariitiin baduu waan qabuuf, tooftaa fi eegumsa cimaadhaan kuusuun fayyumma sanyii eeguun barbaachisaa dha. Kanaafuu, maloota qonnaan bultootni sanyii ittiin kuusanii fi tursiisan qorachuun, cimina jiru itti fufsiisuufi hanqinoota jiran duuchuun oomishaa fi oomishtummaa dabaluun murteessaa dha.

Kanaratti hundaa'uudhaan, pirojeektiin ISSD, sirna sanyii al-idilee jalatti dhimma sanyii kuusuu fi kunuunsuurratti xiyyeefannoon hojjacha jira.  Kuniis kan yaadame, sanyii qulqulluu fi fayyummaan ishii mirkanaa'e qonnaan bultootni akka fayyadaman taasisuun qisaasama oomisha boodaa hir'isuu fi oomishtummaa guddisuuf hojachaa jira.

Oduun milkaa'inaa kuniis, beekumsa fi muuxannoo dubartootni sanyii kuusuu keessatti qaban, hudhaalee mudatan, fi muuxannoo pirojeektiin ISSD gama sanyii kuusuutiin qonnaan bultoota dubartoota biratti galmeesse kan gabaasuudha.

## Tooftaa sanyii mala aadaatiin kuusuu

Harargee keessatti ga'een dubartootni sanyii kuusuu fi kunuunsuu keessatti qaban aadaa fi duudhaa hawaasichaa waliin kan walitti hidhatee dha. Kanumarraa ka'udhaan hawaasichi makmaaksaan akkas jedhu: 'Akka jaartii sanyii nyaatteetti maaliif guumgumta'; 'Sanyii fi korma hin dhoowwatan' fi kkf dha. Dubartootni maloota adda addaa fayyadamuudhaan sanyii ni kuusu, ni tursiifatu. Malootni kunneeniis gosa sanyii midhaanii adda addaatiif gargaraa dha. Isaaniis gabatee armaan gadii keessatii ibsamaniiru.

**Gabatee 1: Maloota qonnaan bultootni dubartootaa ittiin sanyiileee adda adddaa tursiisan**

| Gosa midhaanii | Maloota kuusaa fi kunuunsaa |
|---|---|
| Sanyii Mishingaa | Mana keessatti fannisuun aara itti aarsuu<br>Faltii loonii, Tamboo, barbaree, baarzaafii, fi fincaan loonii waliin sanyii makanii kaa'uudha |
| Sanyii Boqolloo | Mana keessatti fannisuun aara itti aarsuu<br>Faltii loonii, Tamboo, barbaree, baarzaafii, fi fincaan loonii waliin sanyii makanii kaa'uudha<br>Luuqa ykn madaabaratti naquun kaa'uu |
| Sanyii Qamadii | Luuqa ykn madaabaratti naquun kaa'uu |
| Sanyii Boloqqee | Luuqa ykn madaabaratti naquun kaa'uu<br>Biyyee waliin makanii luuqaa keessa kaa'uu<br>Mucha ykn qacaa waliin afanii bakka jiidhini hin geenye kaa'uu |
| Sanyii Loozii | Qacaa ykn mucha keessaa baasuun bakka qileensa argatu kaa'uu,<br>Qacaa ykn mucha waliin luuqa ykn madaabaraa keessa kaa'uu |
| Sanyii Dinnichaa | Luuqa ykn madaabartti naquun iddoo dukkanaa kaa'uu<br>Luuqa ykn madaabartti naquun miilaan qaaccessuun akka ariitiin biqilu goochuu<br>Lafa keessatti awwaaluu |

Malootni aadaa kunneen faayidaa baay'ee qabaataniis, hudhaawwan hedduu qabaachuu ni malu.

## Hudhaalee mala aadaatiin sanyii kuusuu

- Mala aadaatiin sanyii kuusuun fayyummaa sanyii ni hir'isa
- Sanyiiwwan fooyya'oo gara qonnaan bultootaa raabsamanii sanyii naannootiin walitti makuu. Haalli kuniis, sanyiin biqila, guddinaa fi bilchina irratti akka wal-buusu ykn wal-duraa duuba ga'e goochuun qisaasama oomisha boodaa geesissa.
- Muuxannoon fooyya'aan qonnaan bultootni muraasni sanyiin ittiin kuusan babal'achuu dhiisuu
- Hubannoon teekinooloojii ammayyaa kanneen akka  luuqaa ykn madaabaraa parduu ykn [Perdu Improved Crop Storage (PICS)], jeerkana zeeytii ykn bishaanii  fayyadamuu dhabuu
- Sanyii fi midhaan nyaataa bakka tokkotti kuusuu.

- Beekumsaa fi hubannoon ulaagaalee madaallii  sanyii gadi-aanaa ta'uu. Fakkeenyaaf teekinoloojiin qonnaan bultootni salphumatti jiidhina sanyii itti adda baasan dhabuu.
- Irra caalatti, 'madaabara heermaatik' jedhamu amala wantoota qara qabaniin uramuu fi hantuutaan nyaatamuuf waan saaxilamuuf adeemsa itti fayadama teeknoolojii kanaratti beekumsi qonaann bultoota keenyaa gadi-aanaa ta'uu

Kanaafuu, dandeetiin qonnaan bultoota dubartootaa sanyii kuusuu irratti qaban daran cimsuun barbaachisaa dha. Haaluma kanaan, piroojektiin ISSD damee Oromiyaa Baha hojiiwwan gurguddoo hubannoo qonnaan bultootni keessattuu dubartootni sanyii kuusuu irratti qaban, cimsuuf hojjachaa jira. Hojiileen kunneeniis akka armaan gadiitti dhihaataniiru.

**Hojiiwwan hojjatamanii fi bu'aawwan galmaa'an**

Maloota sanyii kuusuu fi kunuunsuu qonnaan bultootaa fooyyessuuf pirojektiin ISSD soonessa gaggeessuun hudhaalee olitti eeraman gargar erga baase booda hojiilee aramaan gadii hojjateera.

## Ijaarsa dandeettii qonnaan bultootaa dubartootaa cimsuu

Dandeetii fi beekumsa qonnaan bultootaa cimsuuf leenjiiwwan adda addaa dhimma waa'ee sanyii kuusuu; maloota ykn tooftaa ittiin sanyii kuusanii fi qulqullinaan tursiisan; itti fayyadama teeknoloojiiwwan fooyya'aa fi kan aadaa fooyyessuurratti kennameera. Ga'ee dubartootni sanyii kuusuu irratti qaban giddu gala godhachuun, leenjichi dubartootaaf xiyyeeffannoo addaa laateera. Hirmaattotni leenjichaas goodinaalee Harargee laman keessaa aanota kanneen akka Kurfaa Challee, Meettaa, Odaa Bultum, Doobba, fi Ciroo irraa kan argamanii dha.

## Qabiyyee leenjichaa

- Qulqulina sanyii fi barbaachisummaa kunuunsa oomisha boodaa
- Sanyii haamuu, tumuu, soruu ykn qulqulleessuu
- Seerota ykn ulaagaalee qulqullina sanyii gosoota midhaan adda addaatiif gargar qooduu ykn baasuu; amaloota keessoo sanyii, qilleensa naannoo fi ilbiisota adda addaa ittiin dhoorkan
- Maloota fooyya'oo sanyii ittiin kuusanii fi kunuunsan
- Koorniyaa fi sirna sanyii al-idilee keessatti qulqilina sanyii eeguu

Leenjiin kunneen hubannoo fi dandeetii raawwachiisummaa qonnaan bultootaa dubartootaa fooyyessuun ga'ee dubartootni sanyii kuusuu fi kunuunsuu keessatti qaban fooyyesseera. Dabalataaniis, dubartootni muuxxannoo addaa addaa sanyii kuusuurratti qaban waliif qoodaniiru.

## Teeknooloojii fooyya'aan sanyii kuusuu, beeksisuu fi babal'isuu

Teeknolojiiwwan fooyya'oo kanneen akka luuqaa ykn madaabaraa fooyya'aa Parduu [Perdu Improved Crop Storage (PICS)], Meetaal Siiloo, suuppar gireen baagii, haayilaandii fi jeerkana bishaanii hanga adda adda of keessatti qabata. Teeknooloojiiwwan kunneen naannotti kan argamanii, fi gatii salphaan kan bitaman waan ta'aniif carraa ariitiin madaquu fi babal'achuu qabu. Dabalataaniis, teekinoloojiiwwan kunneen maloota aadaa sanyii kuusuu wajjiin walitti waan dhiyaataniif salphaatti madaquu danda'u.

## Jijjiirama argame

- Hubannoo fi dandeetiin dubartootni sanyii qulqullinaan qabuu fooyya'uu
- Tooftalee teekinoloojjiiwwan fooyya'aa fi aadaa ittiin sanyii kuusuu kanneen akka 'luuqa ykn madaabaraa heermaatik fi madaabaraa Parduu, Haayilandii fi jeerkana bishaanii fi kkf dubartootaan madaquu fi babal'achuu
- Fedhiin itti fayyadama sanyii filatamaa dabaluu
- Sanyii filatamaa fi kan naannoo adda addatti kuusuu
- Hirmaannaan dubartootni oomisha sanyii fi qonnaa keessatti qaban dabaluu

Walumaagalatti,  walitti hidhatni hawaasa dubartootaa gidduu jiru cimaa waan ta'eef muuxannoon kun ariitiidhan babal'achaa jiraachuu isaa ragaan ni agarsiisa. Gara biraatiin, duubartootni sanyii naannoo kunuunsuu cinatti, itti fayyadamni sanyii filatamaa isaanii dabaleera.





Teekinooloojii fooyya'aa mana kuusaa sanyii dinichaa miiltummaa yuunivarsiitii Haramayaatiifi pirojeektii ISSDtiin qonnaan bulltootaaf beeksifame




Agarsiisa pirojeektii ISSD'n dhimma luuqaa ykn madaabaraa fooyya'aa parduu irratti taasiseen jijjiirama gama sanyii qulqulluu tursiisuutiin qonnaan bultoota aanaa Doobbaa biratti mul'ate



## Oduu milkaa'inaa Aadde Sadiya Ahmed

Aaddee Saaddiyyaan, jiraattuu Aanaa Doobbaa araddaa waltaanee, umrii waggaa 39 yoo taatu, haadha ijoolee ja'aati. Aadde Saadiyyaan nammota qulqulina sanyii fooyyessuu, sanyii filatamaa fayyadamuuf, pirojeektii ISSD sirna sanyii hirmaachisaa (Crwodsourcing) tiin warra calalame keessaa tokkoo dha.

Akka Saadiyyaan jetetti, "Ani dandeettii fi beekumsa ittiin sanyiin kuusamu hedduu Pirojeektii ISSD irraa argadheera. Tooftaan sanyii ittiin kuusamu kunneen naannotti kan argamuu fi kan salpahatti babal'attuudha. Inniis haayilaandii bishaanii, qaruuraa, jeerkanii fi buqqeetti fayyadamuun dhaan sanyii kuusuu baradheera. Kanaan dura, maloota aadaa gargaraatiin fakkeenyaaf Mishingaa fi Boqolloo mana keessatti fannisuu fi madaabaratti naquun fayyadamaa tureera. Garuu, adeemsi kun fayyummaa sanyiilee kanneenii quutummaa guututii waan hin eegneef, qulqilinni sanyii baay'ee gadi-bu'aadha. Ergaan ISSD irraa hubannoo fi leenjii argdhe garuu maloota sanyii wantoota naannootti argaman (Haayilaandii bishaanii, jeerkanii fi buqqee fi teekinooloojiiwwan fooyya'aa ta'an kanneen akka madaabara parduu fayyadamuu eegale, qulqullina sanyii kiyyaa dhibbeentaa 100 eegeera. Meeshaaleen kunneen sanyii midhaan aagadaa fi biilaa, sanyii midhaan dibataa adda addaa kuusuuf kan fayyaduudha. Irra caalatti sanyiileen adda addaa akka walitti hin maakamne dhoorkuun qulqullina sanyii kiyyaa eegeera. Walumaagalatti pirojeektiin ISSD hubannoo fi dandeetii kiyya sanyii oomishuu fi qulqullinaan kuusuun, tursiisee oomisha kiyya fooyyessuuf na gargaareera".

## Oduu milkaa'inaa Aadde Juhaaraa Aadame

"Maqaan kiyya aadde Juhaaraa Adame, jiraattuu Godina Harargee Bahaa Aanaa Girawaa yoon tahu, haadha warraa maatii sadeetii dha. Ani carraa pirojeektii ISSD tiin hammatamee sanyii filatamaa dinnichaa fi teekinoloojii mana kuusaa dinnichaa pirojeektiicha irraa argadheera.

Pirojeektiin beekumsaa fi hubannoo kiyya gara itti fayyadama teekinooloojii dinichaatiin fureera; faayidaa fi bu'aa sanyii filatamaa baradheera. Kanaafuu, amantaa guutuudhaan dhimma sanyii filatamaa barsiisuu fi muuxannoo ollaa kiyyaaf qooduu naan danda'a. Irra caalatti, tooftaa teekinoloojii dinichaa biqilchuu fi kuusuu baradhee, barsiisuus eegaleera. Teeknooloojiin mana kuusaa dinichaa kun meshaalee naannoo irra salphatti kan hojatamuudha.

Kanaan dura, hubannoo sanyii filatamaa dinnichaa hin qabuun ture. Faayidaa sanyii filatamaa dinnichaa hin beekuun ture. Sanyii dinicha naannoo fayyadamaa turuun, akasumas mala aadaatiinan sanyii dinichaa kuusaa tureera. Fakkeenyaaf dinichaa madaabaraa ykn luuqaa keessatti kuusuu fi qaacessuu, boolla keessatti naquun akka biqilu taasisaa tureera. Haalli kun garuu fayyummaa sanyii akka miidhu ergaan ISSD irra leenjii fudhahdeen hubadhe. Gara biraatiin, sanyiilee qulqulina hin qabnee fi madda ishii hin beekneen magaala irraa bitee fayyadamaa ture. Amma garuu, hubannoo pirojeektiin ISSD naaf kenneen, sanyii dinichaa kiyya osoo na jalaa hin banne, tursiisee qulqullinaan fayyadamaan jira; ollaa kiyyaafiis dabarsaan jira".



Teekinoloojii mana kuusaa sanyii dinnichaa aadde Juhaaraa Adametiin hojiiira oole

## Oduu milkaa'inaa Aadde Faaxumaa Abdulle

Maqaan kiyya Aadde Faaxumaa Abdullee, umrii waggaa 37, jiraattuu Goodina Harargee lixaa, Aanaa Ciroo, araddaa Shoolaa yoon tahu, haadha Maatii afuriiti. Ani carraa pirojeektii ISSD tiin hammatamee sanyii filatamaa boloqqee garagaraa argachuun, yaalii hirmaachisaa agarsiisa sanyii boloqqee gaggeesseera. Haaluma kanaan, walitti dhufeenyi ani pirojeektii ISSD waliin uume beekumsaa fi dandeetiin ani gama sanyii filatamaa fayyadamuu fi maloota fooyya'aa qulqullinaan kuusuu argadheera.

Kanaan dura garuu, hubannoo sanyii filatamaa fayyadamuu fi qulqulina kuusuu hin qabuun ture. Amma garuu, garaagarummaa adeemsa mala aadaa fi ammayyaatiin sanyii kuusuu fi qulqulina tursiisuu baradheera. Sanyiin yoo madaabaratti kuusame rirmi nyaachuu, bishaanii fi qileensi seenuun jiidhina fuudhee qulqullinni sanyii gadibu'uun ni bada. Maloota fooyya'aa fayyadamuun, meeshaalee naannotti argaman kanneen akka jeerkanii fi haayilandii bishaaniitti kuusuun hubadheera. Kuniis, akka qileensi fi ilbiisotni akka daana'oo hin seenne tursiisuun sanyiin yeroo dheeraadhaaf fayyaa isaa eeggamee akka turuu danda'u ISSD irraa baradhee hojiin agarsiisaan jira. Dabaltaaniis, sanyiilee fooyya'oo boloqqeerratti yaalii hirmaachisaa gaggeesse filadhe, osoo walitti hin makin sanyiilee sadeenuu maqaa irratti bareesssuun okkotee keessatti kuuseen jira. Sanyiin kun waggaa oomish bara dhufu akka ooyruu kiyyaa fi ollaa kiyyaaf babal'atu taasisuuf qophiidha. Kanaafuu, pirojeektii ISSD galatoonfachuu barbaada".





Aadde Faaxumaa Abdullee Jeerkana bishaanii fi Okkotetti fayyadamuun sanyii ishii yeroo qulqullinaan tursiiftu

## Goolaba

Oduun milkaa'inaa kun, ga'ee qonnaan bultootni dubartoota sanyii qulqullinaan oomishuu fi kuusuu kessatti qabanii fi hudhaalee mudatan kan dhiheessedha. Dabalataaniis, gumaacha ISSD hudhaalee kana furuuf gama itti fayyadama teeknooloojii fooyya'oo sanyii kuusuuf oolan irratti hojii dubartoota waliin hojjatame kan eeruu dha.

Duub-deebii qonnaan bultoota dubartootaa irraa argame akka agarsiisutti hojiin ekisteenshinii fedhii qonnaan bultootaa giddu gala godhate, fi leenjii goochaatiin deegarame bu'a qabeessa akka ta'u kan kallattii kaa'uudha. Kanaafuu, qooda fudhattootni kallattii muuxxannoowwan gaggaarii sanyii oomishuu fi kuusuurratti dubartootni qaban kana qoodachuun madaqsuu fi bababl'isuun qulqullinna sanyii guddisuu keessatti gumaachuu qaban.

Xumurarrattiis, qulqullina sanyii eeguu keessatti gumaachi dubartootaa ol'aanaa waan ta'eef, ekisteenshiniin qonnaa dubartoota giddu-gala godhachuun akka hojjatan dhaamsa keenya.



# Dhiyeessii fi Raabsaa Sanyii Idilee Fooyyessuu (Improving Efficiency of Conventional Seed Marketing)

## Seensa

Utubaan dinagdee Itiyoophiyaa qonnaa irratti kan hundaa'e ta'uun isaa ni beekama. Oomishtummaa qonnaa guddisuun wabii midhaan nyaataa mirkaneessuudhaan jiruu fi jireenya qonnaan bulaa fooyyessuun dhimma ijoo ta'uu qabuu dha. Kanarraa ka'uudhaan, mootummaan itti fayyadama teknoloojiiwwan qonnaa fooyyessuun oomishaa fi oomishtummaa qonnaa guddisuuf tarsiimoo yeroo gabaabaa fi dheeraa baafatee xiyyeeffanoon hojjechaa jira. Itti fayyadamni sanyii fooyya'aa fi qulqulluu oomishtummaa qonnaa guddisuu keessatti ga'ee olaanaa qaba. Oomishni sanyii qulqulluu fedhii qonnaan bultootaa irratti hundaa'e, haala qilleensa naannoon walsimu, yeroo, fi bakkaa barbaadametti gatii madaalawaan dhiyeessuun milkaa'ina galma kanaatiif bu'uura ta'a.

## Ademsa dhiyeessa sanyii idilee fi rakkoowwan isaa

Adeemsi dhiyeessa sanyii karaa idileetiin biyya keenya keessatti raawwatamu karaa waajjira qonnaatin sadarkaa gandaatti sassaabamee, aanaa fi goodinatti kan qindaa'u yoo ta'u, sadarkaa naannootti qoodinsi raawwata.

Qoodinsa kanarratti hundaa'uudhaan waajjirri Babal'ina Waldaa Hojii Gamtaa (BWHG) bittaa raawwachuun karaa Yuuniyeenii fi waldaalee bu'uuraatiin raabsiin ni gaggeefama.

Rakkoo adeemsa kana keessa jiru adda baasuudhaaf, pirojeektiin ISSD damee Oromiyaa Baha, bara 2010 qorannoo gaggeessera. Akka bu'aan qorannichaa agarsiisutti, adeemsi idilee kun hudhaalee kanneen akka qulqullina sanyii gadi aanaa ta'uu, sanyiin yeroon dhiyaachu dhabuu, sanyiin fedhii qonnaan bulaa giddu gala godhate dhiyaachuu dhabuu fi sanyiin mana kuusaa keessa buluun isaan muraasaadha.

Adeemsa wal-xaxaa fi dheeraa duraanii kana fooyyessuuf, qooda fudhattootni kallattiidhaan ga'ee isaanii qofa akka ba'an goochuun murteessaa dha. Kana dhugoomsuufis, yaaliin ykn paayleetiin pirojeektii dhiheessaa fi raabsaa sanyii idilee fooyyessuu (improving efficiency of conventional seed marketing) jedhu bara 2010 irraa eegalee gaggeessaa jira. Kaayyoon hojii kanaas addemsa dhiyeessaa fi raabsaa sanyii idilee hundagaleessa ta'ee fi itti quufinsa maammiltootaa uumuudha.

Raawwii hojii kanaafiis, miiltotni sadi jechuuniis yuuniyeenota (Afran Qalloo, Carcar Odaabultumii fi Burqaa Gaalettii) filatamanii waliigaltee uumuun hojjatamaa tureera. Yaaliin pirojeektichaa kan raawwatame aanota sadeet goodinoota Harargee Bahaa (Qarsaa, Kombolcha fi Jaarsoo) fi lixaa (Shanan dhugoo, Xuulloo, Odabultum, Habroo fi Bookee) dha.

## Adeemsa Raawwii

### *Qooda fudhatoota filachuu*

Hojii kana gaggeessuudhaaf yuuniyeenii sadi jechuuniis yuuniyeenotni (Afran Qalloo, Carcar Odaabultumii fi Burqaa Gaalettii) filatamuudhaan hijjicha abbummaadhaan gaggeessaniiru. Adeemsa kana keessatti waajjjira qonnaa fi Waldaa hojii gamtaa deeggarsa teekinikaa kan kennan, waldaaleen bu'uraa fedhii sassaabuuf, fi sanyii raabsuratti kallattiidhaan hirmaataniiru.

### *Hubannoo uumuu*

Leenjiin leenjistootaa fi hubannoon sadarkaa aanaa fi araddaatti laatameera. Leenjii kanaratti yuuniyeenota, waajiraalee qonnaa fi hojii gamtaa, waldaaleen bu'uraa, fi hojatoota misoomaa qonnaa fi hojii gamtaa hirmaataniiru.

### *Fedhii sassaabuu*

Hojii fedhii sassaabbuuratti waldaan bu'uraa deeggarsa hojataa misoomaa fi yuuniyeeniitiin gaggeefameera. Haaluma kanaan, fedhiin sassaabame sadarkaa aanaattti qindaa'uun yuuniyeeniif dhiyaate. Yuuniyeeniiniis fedhii kanaratti hundaa'uudhaan, bittaa fi dhiyeessii sanyii raawwateera.

### *Sanyii raabsuu*

Sanyii yuuniyeeniidhaan bitamee dhiyaate qonnaan bulaa biraa ga'uudhaaf, sadarkaa waldaalee bu'uraa filatamanitti dhiyaachuun raabsiin gaggeefameera. Haala kanaan, sanyii bara kanaa yeroo, gosaa fi bakka barbaadametti, akka raawwatame waajiraaleen qonnaa fi hojii gamtaa ragaa bahaniiru. Irra caalatti fedhiin sassaabame haqa qabeessaa waan ta'eef, hafteeen sanyii mana kuusaatti bara baraan hudhaa ta'aa ture hafeera.

## Bu'aawwan galmaa'an

- Adeemsi wal-xaxaa fi dheeraa duraanii gabaabachuu

- Hafteen sanyii mana kuusaa hanbisuudhaan qisaasama hin barbaachifne hanbiseera
- Qooda fudhattootni akkaataa ga'ee hojii isaanitti akka hirmaatan godhee jira
- Sanyiin yeroo fi fedhii qonnaan bulaarratti hundaa'uundhaan dhiyaateera
- Miiltotni adeemsa kana hojimaata idilee godhataniiru

## Hudhaawwan mudatan

- Caasaaleen mootummaa jijjiiramuudhaan namootni leenjii fudhatan iddoo gadi dhiisuu
- Hubannoon walfakkaataan sadarkaa mana hojii hundaratti dhabamuu



Waltajjii marii adeemsa dhiyeessa sanyii idilee fooyyessuuf bakka bu'oota waajjiraalee qonnaa fi babal'ina hojii gamtaa goodina harargee bahaa fi yuuniyenii Afran Qallootii waliin galma yuuniyeenii Afran Qallooti gaggeefame

**Pirojeektii BENEFIT-ISSD damee Oromiyaa bahaa, Yuunivarsiitii Haramaayaa**
**Odeeffannoo dabalataa Maxxansa kanaa ilaalchisee:**
**Kamaal Qaasim |Ogeessa waljijjiirraa Beekumsaa fi Dagaaginsa Dandeettii|kemalkasim@yahoo.com| +251-913179853**
**Odeeffannoo dabalataa Pirojeektii BENEFIT-ISSD damee Oromiyaa baha ilaalchisee:**
**Dandanaa Galmeessaa (PhD)|Gaggeessaa damee Oromiyaa bahaa |dandenagalmesa@gmail.com| +251-920446517**
**Odeeffannoo dabalataa Pirojeektii BENEFIT-ISSD Itiyoophiyaa ilaalchisee**
**Amsaaluu Ayyaanaa (PhD)|Geeggeessaa Biyyoolessaa| aga.amsaluayana@gmail.com|+251-911842210**